**Waraabessi bineesa gaaraa, yeroo haadhaafi abbaakee qorxxomsee nyaatu yoo agarte, atis waraabessa sana wajjiin foon warrakee nyaattamoo, akka inni hin nyaanne irraa ariitaa?**

Qabsoon abbaa biyyummaaf gaggeeffamu qawwee qofaan hin adeemsifamu.

Diyaaspooraan Oromoo irra guddaan isaa seenaa qabsoo Oromoo keessatti ga'ee ol aanaa qabaachaa akka tureefi jiru eenyullee kan haalu miti. Yeroo ammaa yeroo kamiyyuu caalaa diyaaspooraan Oromoo qabsoo Walabummaa Oromiyaafi Bilisummaa Oromoof taasifamu cinaa dhaabbachuufi gochaa diinaa saaxiluun shira mootummaan abbaa irree wayyaanee Oromoo irraan gahaa jirtu uummata addunyaatti agarsiisuun, eenyummaan Oromoo har'aan tana uummata addunyaa fuula duratti bahee mula'achuuun hanga moototii addunyaa keenyaa kanaafi dhaabbilee mirga dhala namaaf falman mara walgaafachiisaa jiraachuutti ga'uun ifa galaadha.

Qabsoon Oromoo yoomiyyuu caalaa biyya keessaafi alaan wal quba qabaatee, bifa qindaayeen adeemaa jira. Sabni Oromoos yeroo kamiyyuu caalaa dammaqee argama. Akkaataa kanaan wayyaaneen lama buluu akka hin dandeenye sirriitti of argitee jirti!

Adeemsi qabsoo biyya keessaafi Sochiin diyaaspooraan Oromoo taasisaa jiru naasuu guddaa kan itti uume wayyaaneen cinqamtee kan qabdee gadhiiftu wallaaltee tibirbiraa jirti!

Keessaafuu Oromoo irraa odeeffannoo laguun, akka hin dammaqne ukkaamsanii bituuf, akkasumas uummatni addunyaa eenyummaa Oromoo akka hin beekne aguuganii kaa'uuf jecha toftaa isaan fayyadamaa turan, awwaalli isaa Miidiyaalee akka OMN tiin jalaa diigamee Oromoon sagaleensaa dhagahamaa jira. Tarkaanfii diinni Oromoo irratti fudhatu battalatti saaxilamaa jira.

Bifa kanaan wayyaaneen tarkaanfachuu akka hindandeenye sakaalamuu ishee of argitee jirti.

Kana gubbaatti qabsoon hidhannoos gama hundaan itti cimaa jira,

Fincilli barattootaa gara fincila uummataatti tarkaanfachaa jiraachuun dirree irratti argamaa jira,

Waraanni ishee gochaa wayyaaneen uummata irratti fudhachaa jirtuun dallanee qawweesaa gara wayyaaneetti naannessaa jira,

Haalleen kuniifi kan kana fakkaatan hedduun kan isaan cinqe wayyaanonnis rifaatuun hirriba dhabanii jiru. Garuu harka isaanii maratanii hin teenye. Akkuma argaa jirru, umriishee dheereffachuuf ammas tofta dandamannaa luqqifattee kaateetti. Toftaalee isheen ammaaan tana itti jirtu keessaa:

1-biyyoota ollaa humna ibsaan isinii galcha, daandiilee baaburaa diriirfannee wajjiin daldalla fi kkf jechuun sakkabdi,

2-Biyyoota akkaa Ameerikaa humna qabeessa ta'an ammoo goolessitoota waliin lolla jechuun gargaarsa argachuuf guddoo tattafatu.

3- Diyaaspooraa Oromoo qaata ariitee biyyaa baafte, koottaa lafa irratti invest gootan isiniifan kenna, qarshii ittiin invest gootan isiniifan liqeessa, araara buusna jechuun olo'olaa jirti….

Garuu kana hundaa gochaa kan jirtu jaalattee otoo hintaane cinqamtee ta'uu sirriitti hubachuun barbaachisa. Wayyaaneen yoomillee ta'u Oromoof toltuu yaaddee hin beektu. Hinyaaddusi. Garuu, ciminni sochiin diyaaspooeraan Oromoo gochaa jiru waan ishee naasiseef koottaa hin araaramna jechuu jalqabde. Kun sirriitti beekamuu qaba!!!

Diyaaspooraa Oromoo gara biyyaatti deebisuu irraa wayyaaneen maal fayyadamtii?____//_____ Kutaa itti aanu keessatti ilaalla.

**(Hariiroo Jorgootiin-Qeerroo Bilisummaa, Oromiyaa!!)**